Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo mana fincaanii seenan akkana jedhu ture: “Yaa Rabbi ani sheyxaana dhiirotaati fi sheyxaana dubartootaa irraan sitti majanfadha

Anas irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatuu- akkas jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo mana fincaanii seenan akkana jedhu ture: “Yaa Rabbi ani sheyxaana dhiirotaati fi sheyxaana dubartootaa irraan sitti majanfadha".

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- fincaan haa ta'uu yokaan sagaraa bakka itti haajaa isaanii baafachuu barbaadan yeroo seenuu fedhan akka Rabbiin hamtuu sheyxaana kormaafii dhalaa irraa isaan tiksu Rabbitti kan majanfatan ta'an, Ammallee jechi "Al-kubus" fi "wal kabaa'isa" jedhu wantoota hamtuu fi najisoowwanitti hiikameera.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3150